

Bakka Flemington waan dhihootti hojjetamu

Onkololessa 2026

Bakka hojichaa qopheessuu fi hojii eegaluu

Ganda Flemington keessatti ijaarsa haaraa sadarkaa itti aanu jalqabuuf qophoofnee jirra. Hojiin ijaarsaa kun baatii **Onkololessa 2026 jalqabee jalqaba waggaa 2027** keessas itti fufa. Hojii kana xumuruuf akka nuuf mijjatuuf bakki dhaabbii konkolaataa kan hir'atu yoo tahe jiraatoti araddaa kana keessaas manneen ol dhedheeroo lama keessaa gadi lakkisanii bahanii jiran.

Maal akka hojjennu


- **Kamisa 15 Onkololessa 2026**
irraa jalqabee bakki dhaabbata konkolaataa 126 fi 130 Racecourse Road gidduu jiru ni cufama
- Naannoo konkolaataan dhaabbattu, gandichaa fi bakka hojii dalasaadhaan yeroodhaaf ni cufama.
- Bakka ijaarsichaa yero yeroodhaan ilaaluu fi lafa irratti ijaaramu qorachuun ni xumurama
- Waan lafa jalatti tolchamuu qabu ni tolchama
- Waan naannicha keessaa bahanii gatamuu qaban ni gatamu
- Dachee gadi qotuu fi didibbeessuun konkolaataa fi meedhaalee gudguddaadhaan hojjetama.

Maaltu tahuuf akka jiru

- **Kamisa 15 Onkololessa 2026**
irraa jalqabee bakki dhaabbata konkolaataa 126 fi 130 Racecourse Road gidduu jiru ni cufama
- Karaan ittiin gara owuruu biqiltuu hawaasaa deemamu kara Debneys Park taha
- Men's Shed bakka isaatii sochiisuu fi kutaa kawaasaa (community room) kan bakka Holland Court jirutti dabarsuu
- Karaa deemsa konkolaataa fi karaa miilaa jijjiiruu
- Yero yerootti wacca, owwaara fi girgira dhagahuu maltu
- Konkolaatoti ijaarsaa fi hojjetoota uffata hojii uffatan, waan adii mul'atu uffachuu dabalee naannichatti akka barbaachisaa isaatti ni argamu
- Naannoo hojichaa keessa deemuuf karaa irra deemamuu fi mallattoon ni kaayama
- Bakki konkolaataan gargaarsa hatattmaa fi qodaa kosii itti gatan ni jira. Yeroo ijaarsaa kanatti karaan irra deemamu jijjiiramuu mala.

Bakki dhaabbata konkolaataa jijjiirame

Araddaa Flemington



Dhiibbaa ijaarsi dhaqabsiisu irra aanuu

Fayyaa fi nageenyi hawaasaa nuuf dursa qaba. Hojiin hundi akka seeraa fi labiin seeraa dhimmi isaa ilaalu ajajutti raawwatama.

Yeroo hojiin kun itti jiramu wacca, awwaraa fi girgira isinitti dhagahamuu mala. Bakka hojii kanaatti hanga danda'ametti bishaan itti firfirsuu, karaa haruu fi waccaa fi girgira xiqqeessuuf to'achuuf waan dandeenyu hunda ni godhna.

Eeggannoo keessaniif karaa mallattoon jiruu fi karaa miilaan irra deemamu akka qajeelfami jedhutti hordofaa.

Yeroo hojiin kun hojjetamutti obsaa fi hubannaa keessaniif isin galateeffanna.

Sa'aa hojii

Sa'aan hojii keenyaa akka sirna Gumiin (Council) gandaa keessan qabuun gaggeeffama.

Wixata (Monday) - Jimaataa,
ganama sa'aa 7 hanga galgala sa'aa 6

Sanbat-duraa (Saturday) ganama
sa'aa 9 hanga waaree booda sa'aa 3

Yeroo barbaachisutti sa'aa kanaa alattis hojjachuu nuu mala. Yeroo kennameen alatti hojjachuun yoo nu barbaachiseef dursinee jiratota quba qabaachisna.

Odeeffannoo dabalaa

Waa'ee hojii ijaarsaa kana irratti yoo gaaffii qabaatte toora gargaarsa bilbilaa sa'aa 24 guutuu hojjetu irratti Kane dubbisi:



(03) 9385 7428



construction@flemingtoncommunity.com.au

Caalaatti baruuf

Dhimma kana ilaalchisee waraqaa argachuu yokin nama afaan isiniif hiiku yoo barbaaddan **flemington@homes.vic.gov.au** irratti nu qunnamuu dandeessu

Odeeffannoo caalu afaan keessaniin kan barreeffame argachuu dabalee as ilaalaa: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**